Namni milkii ilaallate yookaan ilaalchifate, yookaan raage yookaan raagameef, yookaan falfale yookaan falfalameef nurraayyii miti

Imraan ibnu Husayn irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni milkii ilaallate yookaan ilaalchifate, yookaan raage yookaan raagameef, yookaan falfale yookaan falfalameef nurraayyii miti namni hirzii hidhe, akkasuma namni raagaa bira dhaqee waan inni jedhu isa dhugeesse dhugaatti waan Muhammadiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irratti bu'etti kafareera».
[hasani] [bazzaar odeesse]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ummata isaanii irraa nama hojii garii hojjate: "nurraayyii miti" jechuun sodaachisani, sana keessaa: Inni jalqabaa: "nama milkii ilaallate yookaan nama milkiin ilaalameef" bu'uurri isaa imalas ta'u yookaan daldalas ta'u yookaan kan biroos ta'u hojii wohii yeroo eegaluu jedhanitti allaattii gadhiisuudha, karaa mirgaa yoo barrise abdii godhatee waan barbaadu san itti fufa, yoo karaa bitaa barrise immoo milkiin hin jiru jedhee abdii muratee waan barbaadu sana dhiisa, gocha akkasii kana ofiif hojjachuun hin ta'u yookaan nama isaaf hojjatus godhachuun hin ta'u, akkasuma allaattiwwaniin yookaan bineensotaan yookaan qaama miidhamtootaan yookaan lakkoofsaan yookaan guyyaadhaan yookaan waan biraatiin waanuma ta'e haa ta'u kan dhaga'amus ta'ee yookaan kan argamus ta'ee ittiin abdii murachuun hin ta'u. inni lammaffaan: "nama raage yookaan raagameefi" urjiiwwanii fi kanneen biroo fayyadamuun namni beekumsa fagoon beeka jedhee himate, yookaan raagaa fi kan isa fakkatan gara nama beekumsa waan fagoo himatutti dhufee, beekumsa fagoo himachu isaatiif waan inni jedhu isa dhugeesse, dhugaatti waan Muhammad -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irratti bu'etti kafare. sadaffaan: "nama falfala hojjate yookaan falfalli hojjatameefi" inni nama ofii isaatiif falfala hojjatate, yookaan nama falfala isaaf hoojjatu kan godhatedha; nama wohii ittiin fayyaduuf yookaan isa miidhuuf jecha, yookaan maganfannaa haraama ta'e irratti qara'uu fi isa keessatti tuttufuun haadaa fi falfala irraa hirzii hidhe.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/5981